# سُورَةُ الفَاتِحَةِ
# Suuraa faatihgaadhaa

*Dura dursoo suuran tun suuraa faatihgaadhati je`amti . — قبل كل شئ هذه هي سورة الفاتحة

* Isiin suuraa makkaati — وهى سورة مكية

*Aayaanni isiidhaa torba — وآياتها سبع

*Lakkooysi isi`ii kan tokkoffa`aati — وعددها واحد

*Isiin eega suuraa muddathirii buute — نزلت بعد سورة المدثر

*Jalqabni maqaa Rabbii gudda`aati. — بِسْمِ ٱللَّهِ

ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ ١

**1}***Rabbii yookaa waaqa qananii guddo`oo xiqqo`oon waan uume hunda qananiisu.takkaa isaanii kennu. suuran qur`aanaa hundi suuraa takkittii malee bismilla'aan Jalqabamti,suuran takkittin bismilla`aan hin jalqabamin suuraa tawba`aati. wanni suuran hundi suuraa{ tawba`aa } malee bismilla`aan jalqabamteef barakaadhafi .Takkaa danboobafi.Ammallee akka suuraa tana rabbumaatu nuu buusee beynu`uufi . arjummaa isaatin

Maqaa Rabbiitin waan dalagu`uu deeman jalqabuun , waan Rabbiin itti nu kaase , yookaa nu ajaje. Wanni maqaa rabbiitin hin jalqabamin. Barakaa hin godhattu , takkaa hin tirfooytu.takkaa faaydaa hin qabdu

Tanaaf jecha nabi Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu akki je'an:

{kullu amrin,zii baalin, laa yubda'u fiihi bi bismillaahi fahuwa aqxa'}

{ كلُّ أمر ذى بال لا يُبدأ فيه ببسم الله فهو أقطع }

**Ma'naan isaa :** wanni namni itti yaaddayu hundi, takkaa wanni akka qabu hundi, kan maqaa Raabbiitin hin jalqabamin ir'uu, jechuu.

Yoo nyaataa ka'an , yoo deemsaa ka'an, yoo waa qara'uudhaa ka'an ,takkaa yoo waa dalaguudhaa ka'an , wanni barbaadamu: {bismillaahi, jechuu .takkaa{bismillaahirrahgmaanirrahgiim jechuu {

{ بسم الله الرحمن الرحيم {بسم الله

Yoo waa qara'uudhaa kaatee { bismillaahi } jette, **ma'naan isaa**: Maqaa Rabbii waa hunda nu badhaasetiinan, qaraatii tana jalqaba. Jechu` .yoo waan biraatii kaatee { bismillaahi } jettes

**ma'naan isaa** : waanin deemuf kana, maqaa Rabbiitinan jal-qaba jechuu.

ٱلۡحَمۡدُ لِلَّهِ

*Faarun yookii galanni kan Rabbii gudda`aati Rabbii faaruu hunda, haqa godhatuuti

رَبِّ ٱلۡعَٰلَمِينَ ٢

2}*Rabbii jiruun waa hundaa harka isaa jirtu kan rizqiin waa hundaa harka isaa jirtu kan waa hunda uumee waa hunda tooyatu

ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ ٣

3}*Kan waa qananiisu kan waan uume hunda tooyatee waan isaan itti haajaman isaanii kennu. kan qananii guddo`oo xiqqoodhan ar`aa boru nama qananiisu. Arjummaa isaatin

مَٰلِكِ يَوۡمِ ٱلدِّينِ ٤

4}*Kan dubbiin waan uumee hundi guyyaa boruu takkaa guyyaa qiyaama`aa harka isaa Jirtu , kan nama hunda guyyaa qiyaama`aa , dalagaa isaa laalee , gaarii dalagu jannata kenneefii hamtuu dalagu yakka itti muru.inni mootii guyyaa boruuti {yawmiddiin } jechuun,guyyaa jaza`aa takkaa qiyaama`aa jechuu .

إِيَّاكَ نَعۡبُدُ

*Yaa Rabbi suma kan nuti ibaannu takkaayuu gabbarru, suma kan nuti guddifnu nama biraatii mitii , suma kan nuti waan ati dalagaa jettu dalaynee , waan ati dhiisaa nuun jettu dhiifnu , nama biraatii mitii

وَإِيَّاكَ نَسۡتَعِينُ ٥

5}*Suma kan nuti gargaarsifannuun dalagaa diinii dunyaadhaa keessatti takkaa irratti. sumaatu hamtuu nurraa qabee toltuu nutti as qaba. siitu nu uumee sumaatu waan nuu tolu hunda nuu uumuu dandaya . namni sirra nutti aanu hin jiru

ٱهۡدِنَا ٱلصِّرَٰطَ ٱلۡمُسۡتَقِيمَ ٦

6}*Yaa Rabbi keenya karaa qajeelaa nu qajeelchi ammallee irratti nu jabeessi karaa diriiraa jallina hin qabne , kan haqatti nu geessu nu qajeelchi .

صِرَٰطَ ٱلَّذِينَ أَنۡعَمۡتَ عَلَيۡهِمۡ

*Karaa warra ati qajeelchitee qananiifte kan akka anbiyootatiifii warra haala gaari`iin isaan jala deemee nu qajeelchi

غَيۡرِ ٱلۡمَغۡضُوبِ عَلَيۡهِمۡ

*Karaa warra dallansuu tee haqa godhatee kan hin tayin

وَلَا ٱلضَّآلِّينَ ﴿٧﴾

**7}***Ammallee karaa warra jallatee kan hin tayin yaa Rabbi karaa haqaa nu deemsisii karaa bada`arraa nu maysi. warri dallansuu Rabbii haqa godhate, kan akka yahuuda`aati kanneen{ kguzeyri عزير }ilma rabbiiti je`anii , anbiyoota isaanii fixanii nabi muhammed dhugo`oomsuu didanii dallansuu haqa godhatan . Ammoo warri jallate kan akka nasaara`aati kanneen nabi { iisa`aan }ilma Rabbiiti je`anii nabi Muhammadis dhugo`oomsuu didanii jallatan .

Dubbiftoota keenya suuran faatihgaadhaa tun gatii guddoo qabdi nabi Muhammed akki je`an{ faatihgatul qur`aan takgdilu thuluthayil qur`aani wa inna faatihgatal kitaabi tujzi`u maa laa yujzi`u shey`un minalqur`aani je`an }.

**ma`naan isaa** suuran faatihgaadhaa qur`aanarraa harka sadiyirraa harka lamatti qixxooyti ammas suuran faatihgaadhaa tun bakka wanni biraa qur`aanarraa hin dhaabbanne isiin dhaabbatti takkaa geessi jechu`.tanaaf jecha salaanni suuraa faatihgaadhaa malee fayyaan taane .nama qara'uu dandayuuf .

Eega qaraatii faatihgaadharraa raaw'atanii{AAMIIN} je'uun ni barbaadama ma'naan aamiin jechu'uu : waan nuti si khadhanne yaa Rabbi nuu qeebali yookaa nuu eehami jechuu, keessattuu salaata keessatti {aamiin } je`uun akkaan barbaadama . yoo salaanni tan isii keessatti qooqa ol fuudhan taatee { imaamni } yookaa namni naman salaatu { waladgaalliin} je`e, qooqa ol fuudhanii wajji { aamiin } je`uu. maalif ? malaaykan hoggaa imaamni { aamiin } je`u isaan wajji aamiin jetti duuba namni aamiinii malaayka`aatifii aamiinii imaamaa qunnamee wajji aamiin je`e rabbiin dilii isaa ta dabarte mara ni araaramaafi . tanaaf nabi muhammed akki je`an: {izhaa ammanal`imaamu fa amminuu fa innahuu man waafaqa ta`miinuhuu ta`miinal malaa`ikati ghufira lahuu maa taqaddama min zhanbihii } ma`naan isaa akkuman dabarse , hoggaa imaamni aamiin je`e aamiin wajji je`aa namni aamiinin isaa aamiinii malaayka`aa qunnamte { gaxxamte } diliin isaa tan san dura dalage marti isaaf dhiifamti .

Ammas wanni nama qur`aana qara`urratti , jiru takkaa waan isarraa barbaadamurraa tokko : hoggaa qaraatii jalqabu hunda sheyxaanarraa rabbitti maganfatu`{akguuzhu billaahi minasheyxaanirrajiim} je`ee akkaa { akguuzhu billaahissamiikgiikgaliim mina-sheyxaanirrajiim } je`ee .

Duuba Rabbiin warra qur`aana karaa gaari`iin qara`ee qaraasiisu , warra makgnaa isaa baree barsiisu , nu haa godhu nagayaan jiraadhaa waan feetan mudadhaa yookaa argadhaa .